**Buqqaatii Route de Gravelines fi tarii Rue des Huttes geggeeffamuu malu ilaalchisee Odeeffannoo.**

- Abbaan lafa 'Dunes' iddoo sana akka gadi lakkiftanii baatanii fi lafa sana irrattis akka dallaa ijaaruuf abbaan murtii raggasiseeraf. Buqqaatiin kunis kan guyyootaaf itti fufu ta'u mala kunis iddoo sana irratti dallaa ijaaruudhaaf akkasumas akka lammata deebitee bakka sana hin qubanne taasisuudhaaf.

- Buqqaatiin yoo adeemsifame kan ta'uu malu:
  - Dallaa dhaabbileen gara garaa akka hin seenne taasisu ijaaramuu
  - Konkolaataa gara iddoo bultii geessu, kun hin mirkanoofne
  - hidhaa,
  - dunkaana keessa bulanii fi meeshaalee dhuunfaa kan biraa fudhatanii deemu,

- Osoo buqqaatiin hin eegalin dura dunkaana keessa raftu fudhattee iddoo gad dhiisuu ni dandeetta, sababin isaas buqaatiin guyyoota muraasaaf turuu mala, sababa kanaafis iddoo duraa sanitti deebitee qubachuu hin dandeettu.
- Namoonni hidhamuudhaan gara buufata gara biyyaatti nama deebisanii ni geeffamu. Mooraa keessa kan jirtuu yoo ta'ee fi gara konkolaataa hin seenu yoo jette, carraan mootummaan si hidhuu guddaadha sababiin isaas konkolaataa hin yaabbadhu waan jetteef.
- Buufanni qubannaa bilisa, iddoo sana yoo seente gadi lakkisuu ni dandeetta. Guyyaa 3 ol achi keessa turuu kan barbaaddu yoo ta'e, koolugaltummaa biyya Faransay keessatti gaafachuu qabda.

- Naannnawa san poolisoonni jiraachuu malu, iddoo buqqaatii sana gadi lakkiftee kan baate yoo ta'eyyuu hidhamuu dandeetta.

